# Leecalloo(odeeffannoo): Filannoowwan adeemsa firoomsuu Waliif qooddii-jireenyaa fi deggersa itti fufaa

English | Español | Lus Hmoob | Af Soomaali | Русский | ကညီ | አማርኛ

پښتو | دری

**Guyyaa Fuulli itti fooyya'e**: 1/20/22

Qooddiin jireenyaa haala sirreeffama jiruu of eeggannoodhaan walitti dhufeenya namoota waggaa 18 fi isaa olii kanneen miidhama dhuunfaa ykn maatii qabaatanii jireenyaa fi muuxannoo isaanii qoodan akkasumas namoota barmaatilee nama irratti hunda'aniif deggersa godhanidha.

"Keessumsiisuu Manaa", "Waliif qooduu jireenyaa" fi "qooddii jireenyaa" jechoonni jedhaman hundinuu qindeeffamoota jireenyaa walitti dhufeenya irratti hunda'an kan ibsanidha. Jechoonni kunniin wal fakkaatoodha, garuu DHS n adeemsa wal simaa fi sirreeffama jireenyaa ibsuuf jecha "qooddii jireenyaa" jedhu filate.

Yeroo ammaatti, qooddiin jireenyaatajaajila deggersaa idilee miti. Fuulli kun odeeffannoo waa'ee ejensiiwwan dursaa, dhiheessitoonnii fi namoonni/maatiileen fedhii qaban sirreeffamoota qooddannaa jiruu uummachuuf tajaajila deggersaa miidhamaa amma jiru itti fayyadamuu danda'an qabatedha.

Fuulli kun odeeffannoo waa'ee waantota armaan gadii dhiheessa:

- Garaa garummaa qindeeffamootaa fi tajaajilawwan wal fakkaatoo
- Ulaagaalee
- Dhiheessitoota
- Sadarkaalee qooddii jireenyaaqooddii jireenyaa
- Heyyama
- Ejensii qooddii jireenyaaqooddii jireenyaa filachuu fi walii galtee raawwachuu
- Adeemsa wal simsiisuun booda deggersoota jiranii fi filannoowwan manneenii kan biro
- Fakkeenyota qooddii jireenyaa
- Leecalloowwan(odeeffannoo).

## Qooddiin jireenyaaQooddii jireenyaaqindeeffamootaa fi tajaajiloota wal fakkaataa irrraa maaliin adda ta'a?

Qooddin jireenyaa haala sirreeffama jiruu of eeggannoodhaan walitti dhufeenya namoota waggaa 18 fi isaa olii kanneen miidhama dhuunfaa ykn maatii qabaatanii jireenyaa fi muuxannoo isaanii qoodan akkasumas namoota barmaatilee nama irratti hunda'aniif deggersa godhanidha Sirreeffama kana keessatti, namoonni dhuunfaa/maatiin mana qabu/kireeffatu, akkasumas kaawuntii/sab-lammiiwwan gosa irratti hunda'an mana qaamaanjiruuf heyyama kennu.

Namoonni dhuunfaan/maatiin akka dhiheessaa Sagantaa Kunuunsa Fayyaa Minnesota (MHCP) heyyama 245D tiin galmaa'uun irraa **hin** eegamu. Inumaayyuu, namoonni dhuunfaa/maatiin ejensii addumaan tajaajila karoora deggersa namichaan wal qabatee komii heyyama 245D fi to'annaa sirreeffamaa qulqullina qabu dhiheessu waliin ni hojjetu.

Namoonni dhuunfaan/maatiin akka dhiheessaa MHCP heyyama 245D qabuutti yoo galmaa'an, sirreeffam+ichi akka sirreeffama qooddii jireenyaatti **hin** ilaalamu. Inumaayyuu, sirreeffamichi akka kunuunsa guddisa maatiitti ilaalama. Odeeffannoo waa'ee ulaaggaalee heyyama 245D tiif, DHS – Heyyama dhiheessitoota 245D – kan jedhu ilaala.

Sirreeffamni qooddi jireenyaaqooddii jireenyaa **hanga ga'eessota lamaa** kanneen tajaajila deggersa qaama miidhamummaa fayyadamanii fi namoota/maatiilee fira hin taane bira jiraachuuf filatan hammata. Sirreeffamni qooddii jireenyaa ga'eessota lama bakka wal fakkaataa jiraatan caalaa hin hammatu. Ejensiin dursaa sun manichi daangaa namoota lamaa irra darbuu dhiisuu isaa mirkaneessuuf manicha to'achuu qaba. Odeeffannoo dabalataaf, kutaa ulaagaa jedhu ilaalaa.

## Qooddi jireenyaatiifenyutu ulaagaa guuta?

Kanneen armaan gadii ni fayyadama taanaan ga'eessi waggaa 18 fi isaa olii kam iyyuu qaama qooddii jireenyaaqooddii jireenyaata'uu ni danda'a:

- Miidhaa Sammuu (BI)
- Dhaqqabamiinsa Hawaasummaa Hunda galeessummaa Qaama miidhamummaaf (CADI)

- Kunuunsa Filannoo Hawaasaa (CAC)
- Hir'inoota Guddinaa(DD).

Sirreeffamni qooddii jireenyaaqooddii jireenyaa hanga ga'eessota lamaa kanneen tajaajila deggersa qaama miidhamummaa fayyadamanii fi namoota/maatiilee fira hin taane bira jiraachuuf filatan hammata. Kunis kanneen armaan gadii dabalata:

- Ga'eessa qeenxee tokko:
- Miiltoowwan ykn hiriyyoota lama
- Obbolaawwann ga'eeyyii lama.

Sirreeffamicha keessatti namoonni lamaa ol yoo jiraatan, ykn namoonni lamaan iyyuu firoomaa yoo hin qabaanne, ykn miiltummaa ykn hiriyyummaa yoo hin qabaanne, jarri sirreeffama qooddii jireenyaa fayyadamuu hin danda'an. Tajaajiloonni kan biroon namoota lamaa ol waliin jiraachuuf filatan ni deggeru (fkn tajaajila jireenya maatii ykn tajaajila jireenya hawaasummaa).

### Qooddii jireenyaa enyutu dhiheessa?

Sirreeffamni qooddii jireenyaa namoota/qaamota barbaachisoo gaheewwan,itti gaafatamummaa fi faayidaalee wal deggeran qaban hammata:

- Nama tajaajila deggersa qaama miidhamummaa fudhatuu fi namoota/maatii qooddii jireenyaa waliin walitti makamuuf fedhii qabu.
- Ejensii qooddii jireenyaa kan wal simuu, deggersa amma jiruu fi kaffaltii qaama sadaffaa dhiheessuu fi heyyama dhiheessaa 245D qabu
- Nama dhuunfaa/maatii kan kaawuuntii/sab lammii gosaatiin namoota lama hin caalleef heyyamame ta'ee kan mana qabuu fi nama mana dhuunfaa/maatii jiruuf deggersa dhiheessu.

### Ulaagaalee ejensiiwwan qooddii jireenyaa

Namoonni dhuunfaa/maatiin jalqaba adeemsa wal simuu irratti, nama tajaajilicha fudhatu waliin miiltummaadhaan ejensii qooddii jireenyaa filatu. Waliin ta'uun, waa'ee tajaajila deggersa ejensii qooddii jireenyaa irraa isaan barbaachisuu ilaalchisee walii galtee irratti ni mari'atu. Yoo barbaadan, namni dhuunfaan/maatiin ejensiiwwan qooddii jireenyaa garaa garaa lama: tokko adeemsa wal simsiisuuf fi kan hafe immoo deggersa jiruuf filachuu danda'u.

A Ejensiin qooddii jireenyaaulaagaalee armaan gadii hunda guutuu qabu:

- Heyyama 245D qabaachuu fi tajaajila leenjii fi gorsa maatii fi tajaajila mana jireenyaa maatii kennuuf galmaa'ee fi heyyama qabu
- Leenjii DHS Saaxilamummaa Ga'eessotaa Bu'ureeffate kan xumure.
- Waggaa darbe keessatti leenjii leenjii qalbeeffachuu namoota bu'ureefate guyyaa lamaa kan xumure
  (Yaadachiisa: Tajaajila eegaluun dura ragaan xumuraa barbaachisaadha. Tajaajilli nama bu'ureeffate ni dhihaata, DHS n karaa DSD eList announcementstiin odeeffannoo ni erga. Odeeffannoo dabalataaf, DHS – barmaatilee Nama bu'ureeffate.) ilaalaa
- Nama kan deddeebisu taanaan heyyama konkolaachisaa fi inshuraansii konkolaataa sirrii ta'e qabaachuu qaba.
- Mana ykn qabeenya namni agarsiifame irraa fedhii dinagdee kallattiis ta'ee al-kallattii qabaachuu hin qabu.
- Namoota nama dhuunfaa/maatii waliin deggersa fudhatan lamaa ol simsiisuu hin qabu.
  (Yaadachiisa: Sirreeffamni qooddii jireenyaa hedduun nama tokko maatii/nama dhuunfaa waliin wal simsiisa,)
- Adeemsa mana kaawuntii/ sab lammii gosaa keessatti heyyamsiisuu keessatti nama/maatii gargaaru
- Ejensii dursaa irraa walii galtee tajaajilaa argachuudhaan kaffaltii tajaajila mana jireenyaa maatii/dhuunfaa ni bulcha ( kutaa heyyamaa ilaalaa).

Ejensiin qooddii jireenyaa karaa leenjii fi gorsa maatii (wal simsiisuuf) fi tajaajila mana jireenyaa maatii (deggersa amma jiruu) tiin deggersa ni dhiheessa. Tajaajiloonni kunneen tajaajiloota galmee DHS barbaadanidha. Waa'ee tajaajiloota galmee barbaadanii ilaalchisee, CBSM – Waiver/AC service provider overview jedhu ilaalaa.

Kaffaltii ejensiin qooddii jireenyaa deggersa amma jiruuf karaa tajaajila mana jireenyaa maatii fudhatu fedhii namaa/maatii irratti hunda'a.

### Ulaagaa Nama dhuunfaa/maatii

Namoonni dhuunfaa/maatiin mana isaanii namaaf qoodan kunneen barmaatilee bu'a qabeeyyii fi cimina bu'ureeffatan fayyadamuun wantoota namootaaf barbaachisoo ta'anii fi deggeran barachuuf qophii ta'uu qabu. Naannoo bayeessa, amala gaarii, keessumaa yoo namichi raafama sammuu qabaate ykn miidha qaamaa qabaate ykn amala namummaa addaa yeroo fi xiyyeeffannoo barbaadu qabaate naannoo jireenyaa fi itti gaafatamumma gaarii qooduu qabu.

Haalli jireenyaa tokko yoo namichi sochiilee maatii kanneen akka bakkeewwan jireenyaa waliinii nyaata, bashannana, hiriyyummaa ykn miseensota maatii kan biro ykn ollaa qunnamuu irraa yoo adda ba'e, sirreeffamni sun qooddannaa jiruu hin jedhamu. Namichi garee hiriyyummaa namichaaf walitti dhufeenya hiika qabu qaban akka bal'ifatuuf namni dhuunfaa/maatiin deggersa kennuu qabu.

Namni dhuunfaa/maatiin ulaagaalee armaan gadii hundumaa guutuu qabu:

- Mana isaanii sirreeffama kunuunsa guddisa maatii kaawuntii/ sab-lammii gosaatiin heyyama baasisuu qabu.
- Hubachiisawwan hojjettootaa 245D fi leenjilee waggaa hundumaa, Leenjii Saaxilamummaa Ga'eessota Bu'ureeffate kan DHS hundumaa fudhachuu abu
  (Yaadachiisa: Namni/maatiin heyyama 245D fudhachuuf hin diraman, garuu leenjiiwan kanneen, deggersa ejensii qooddaannaa jiruu waliin xumuruu qabu.)
- Akkaataa argama isaatti, leenjii guyyaa lamaa nama bu'ureeffatee xumuruu
  (Yaadachiisa: Tajaajilli nama bu'ureeffate ni dhihaata, DHS n karaa DSD eTarree beeksisawwan – tiin odeeffannoo ni erga. Odeeffannoo dabalataaf, DHS – Barmaatilee nama-bu'ureeffatan -.) kan jedhu ilaalaa
- Namicha, to'ataa dhimma isaa fi namoota biroo isaaf barbaachisoo ta'an waliin wal ga'ii garee irratti hirmaadhu.

Sirreeffama qooddii jireenyaaf ulaagaa guutuudhaaf, namni dhuunfaa/maatiin ejensii jiruu qoddannaa armaan gadii keessaa tokko waliin waliif galtee mallatteessuu qaba:

- Dhaabbata dhiheessaa MHCP galmaa'ee fi hojjetaa qooddii jireenyaa qabu
- Nama dhuunfaa akka dhiheessaa MHCP heyyama 245Dtiin galmaa'e.

Odeeffannoo dabalataaf, kutaaejensii qooddii jireenyaa waliin walif galuu fi filachuu jedhu ilaalaa.

### Qooddiin jireenyaa maal fa'a of keessatti hammata?

Sirreeffamoonni qooddii jireenyaa hundinuu karoora deggersa namaa kan nama bu'ureefateen durfama.

Qooddiin jireenyaa marsaawwan sadii of keessatti hammata:

- Deemsicha karoorsuu fi walsimsiisuu
- Deggersa itti fufaa ejensii qooddii jireenyaa irraa
- Deggersa nama dhuunfaa/maatii irraa.

### Deemsicha karoorsuu fi walsimsiisuu

Ejensiin qooddii jireenyaa fi ejensiin dursaa adeemsa namicha maatii/nama dhuunfaa fedhiiwwan, haala namummaa, itti gaafatamummaa, walii galtee waloo, walitti dhufeenyaa fi k.k.f waliinii qaban waliin akka wal simu haala ni mijeessa.

Adeemsi simsiisuu kunis namichaa fi maatii/nama dhuunfaa gidduutti wal ga'ii fuulaa-fuulaa of keessatti hammata. Wal ga'iin kunis fedhii namichaa irratti hundaa'uun bakkoota adda addaatti geggeefamuu qaba (fkn taateewwan ispoortii ykn hawaasummaa hordofaa, waliin soorata bilcheessaa, mana maatii keessatti guyyoota dhuma torbanii dabarsuun). Barbaachisummaa isaa fi fedhii qaamota hundaa irratti hundaa'uun, yeroo weerara dhukkubaa kanatti maloota filannoo (fkn bilbila suur-sagalee) fayyadamuun ni danda'ama.

Yeroo adeemsa simsiisuutti, ejensiin qooddii jireenyaa namicha akkasumas nama dhuunfaa/maatii gargaaruuf jecha barmaatilee nama bu'ureeffatan karoora deggersa nama bu'ureefffatee, cimaa fi fayyaalessa ta'e fayyadamuu qaba. Odeeffanoo dabalataaf, CBSM – Barmaatilee nama bu'ureeffatan ilaalaa.

Haalota tokko tokko keessatti, adeemsi simsiisuu barbaachisaa miti. Qaamonni hundinuu kan wal beekanii fi wal simuuf yoo waliif galan, ejensiin dursaa sun adeemsa simsiisuu heyyamuuf hin dirqamu.
Simsiisuun erga raawwatee booda, ejensiin qooddannaa jiruu:

- Namichaa fi gareen isaa walii galtee liizii akka hubatan ni gargaara
- Sirreeffama jireenyaa milka'aa gegeessuf walii galteewwan barbachisan hunda wixineessuu fi mijeessuu keessatti namichaa fi maatii/nama dhuunfaa waliin ni hojjeta wfkn walii alteewwanii fi dirqamoota walii galtee irraa maddanii bakkeewwan waloo, dhaqqabamummaa qabeenyotaa, geejjibaa fi dirqamoota biro nama dhuunfaa/maatii fi ejensii qooddannaa jiruu giddu jiru)
- Yoo barbaachisaa ta'e, qabeenya isaa akka geejjibsiifatuuf deggersa leecalloo namichaaf taasisuu.

Akkaataa eyyama marsaa ejensii dursaa ilaalchisee qajeelfama jiruuf, eyyama leenjii fi gorsa maatii simsiisuu l karoorsuu geejjibaa jedhu ilaalaa.

## Deggersa itti fufaa ejensii qooddii jireenyaa irraa

Ejensiin qooddii jireenyaa namicha fi nama dhuunfaa/maatii deggersa itti fufaa kennuu qaba. AdeemsotaBulch. Minn.§245D.081 kanneen sirreeffamoota qooddii jireenyaa irratti raawwatamiinsa qaban.
Deggersa barbaachisaa mirkaneessuu fi to'annaa nama tajaajila fudhatuu mirkaneessuuf jecha namni dhuunfaa/maatiin ejensii qooddii jireenyaa faana waliif galu. Deggersoonni kunniin kanneen armaan gadiiti, garuu isaan qofa miti:

- Madaallii fi dhiheessa tajaajilaa qindeessuuf deggersa kennuu
- Karoora deggersa namichaa keessatti bu'aa barbaachisaa argamsiisuuf deggersa dhiheessuu
- Tajaajiloota namni dhuunfaa/maatiin dhiheessu keessatti madaallii qulqullinaa fi fooyya'iinsa dabalatee, to'annoo fi hordofii sagantaa gochuu.
- Raawwii karoora deggersaa namni dhuunfaa/maatiin namichaaf taasisu keessatti, gamaggama kallattii dhiheessii tajaajilaa dabalatee, qajeelfamaa fi deggersa taasisuu
- Madaallii bu'a qabeessummaa tajaajilaa, malootaa fi fooyya'iinsa bu'aa namichaa ulaagaalee raawwii fi bu'aa namichaa madaalan kanneen safaramuu fi taajjabamuu danda'an irratti hundaa'uun
- Namoonni tajaajila kallattii dhiheessan leenjii hubannoo fi leenjii waggaa 245D xumuruu isaanii mirkaneessuuf deggeruu
- Qindeessaa fi riferaala giddu-seentummaa amala gaarii
- Qindeessaa deggersa eeggataa, yoo barbaachisaa ta'e
- Karoora yeroo muddamaa
- Galmeessa guyyuu
- Deggersa bulchiinsa qorichaa
- Deggersa barmaatilee nama bu'ureeffate fayyadamuu
- Balballoomii migootaa fi dirqamootaa

Ejensiin dursaa marsaa kana akkamiin qajeelchuu akka qabu ilaalchisee, kutaa heyyama tajaajila mana jireenyaa maatii ejensii jiruu qooddachuu irraa deggersa itti fufaaf qodhamu jedhu ilaalaa.

## Deggersa nama dhuunfaa/maatii irraa

Namni dhuunfaa/maatiin mana isaanii qoodan:

- Walitti dhufeenya akkasumas namnichi wantoota haaraa kanneen karoora deggersaa isaa keessatti adda baafamanii fi isaaniif barbaachisaa ta'an akka baruuf deggersa ni godhu.
- Deggersawwan nageenyaa fi fayyummaa namichaa mirkaneessan dhiheessuu (fkn beellama dookteraa hirmaachuu)
- Tajaajilawwan CBSM – Kunuunsa Ga'eessotaa<}, CBSM – Tajaajila mana jireenyaa maatii ykn CBSM – Sirreeffama mana jireenyaa – SLS sirreeffama dhiheessaan to'atamu1 jedhu keessatti ibsaman
- Yoo barbaachise, tajaajila geejjibaa dhiheessuu ykn geejjiba hawaasaa akka fayyadamuuf gargaaruu.

Ejensiin dursaa marsaa kana akkamiin qajeelchuu akka qabu ilaalchisee, kutaa heyyama tajaajila mana jireenyaa maatii deggersa nama dhuunfaa/maatii irraa jedhu ilaalaa.

### Qooddannaan jiruu akkamiin heyyamama?

Walii galtee tajaajila namichaa irratti ejensiin dursaa tokko tokkoo marsaa qooddannaa jiruu akka armaan gadiitti heyyamuu danda'a:

- Karoorsuu fi simsiisuu geejjibaa Leenjii fi gorsa maatii, hanga sa'atii 50 (yuunitiiwwan 200); kutaa karoorsuu fi simsiisuu geejjibaa ilaalaa
- Deggersa itti fufaa ejensii qooddii jireenyaa irraa: Dhibbeentaan kaffaltii tajaajila mana jireenya maatii, yeroo baay'ee ji'atti deggersa sa'atiiwwan 6-12; kutaa deggersa itti fufaa ejensii qooddannaa jiruu irraa jedhu ilaalaa
- Deggersa nama dhuunfaa/maatii irraa: Tajaajila mana jireenyaa maatii dhiheessaatiin to'atamu; kutaa deggersa nama dhuunfaa/maatii irraa jedhu ilaala.

Daangaa Kaffaltii Tajaajila Deggersaa fi Tajaajilawwan Yeroo Dheeraa, DHS-3945 (PDF) kaffaltiiwwanii fi koodessuu simsiisa marsaa qooddii jireenyaa fi tajaajila mana jireenya maatii qooddii jireenyaa dabalata. Koodiiwwan itti aananiif DHS-3945 wabeeffadhaa:

- Leenjii Maatii, Qooddii Jireenyaa, Walsimsiisuu (S5110 U2)
- Tajaajilawwan Mana Jireenyaa Maatii, Ga'eessa, Qooddannaa Jiruu Guyyuu (S5140 UC U2).

Akka barbaachisummaa isaatti, ejensiin dursaa tajaajilawwan biroo namaaf heyyamuu ni danda'a, fkn tajaajiloota deggersa gaarii, bogonnaa, tajaajila hojii).

### Heyyama leenjii fi gorsa maatii adeemsicha karoorsuu fi walsimsiisuuf

Ejensiin dursaa tajaajiloota simsiisuu ejensii qooddannaa jiruu irraa karaa leenjii fi gorsa maatiitiin ni heyyama.

Sagantaan marsaa walsimsiisuu sun haalota addaa irratti hunda'a. Yeroo baay'ee namoonni akka wal beekaniif baatiiwan 3-6 itti fudhata, akkaataa mootummoota biroo kanneen kaffaltii adeemsa walsimsiisuu wal fakkaataa irratti hundaa'a. Yeroo baay'ee marsaan walsimsiisuu sa'atiiwwan 50 (yuunitiiwwan 200) dha. Tajaajiloonni leenjii fi gorsa maatii waggaa tokko keessatti yuunitiiwwan daqiiqaa 500 15 caaluu hin qabu.

Kaffaltiin tajaajila leenjii fi gorsa maatii akkaataa gabaatiini. Kaffaltiin tajaajila kanaa qajeelfamaa fi baasii gabaa CBSM – Tajaajila aatii gabaa calaqqisiisuu qaba. Tajaajila kana heyyamuuf, ejensiin dursaa qajeelfamoota CBSM – Leenjii fi gorsa maatii jedhu hordofuu qaba.

Ejensiin dursaa dabalataan namoota haala jireenyaa kan biroo filatan deggeruuf jecha leenjii fi gorsa maatii heyyamuu qaba. Odeeffannoo dabalataaf, kutaa filannoowwan mana jireenyaa fi tajaajila itti fufaa jedhu ilaalaa.

### Heyyama tajaajila mana jireenyaa maatii deggersa itti fufaf ejensii qooddannaa jiruu irraa

Ejensiin dursaa karaa tajaajila mana jireenyaa maatiitiin ejensii qooddannaa jiruu irraa deggersa itti fufaaf ni heyyama.

Yeroo baay'ee, fedhii namichaa adda bahe irratti hundaa'uun, ejensiin qooddannaa jiruu ji'atti deggersaa sa'atiiwwan 6-12 ni kenna. Yeroo ce'umsa jalqabaatti (ji'a 1-6 giduutti), hangi deggersa kanaa ce'umsa milkii argamsiisuuf jecha ol ka'uu danda'a. Ejensiin dursaa tajaajilawwan kunneen to'achuu aba. Akkaatuma deggersi jijjiirama barbaaduun, namni dhuunfaa/maatiin ejensii qooddannaa jiruu irraa tajaajila dabalachuuf ykn hir'isuuf mari'achuu danda'a.

### Heyyama tajaajila mana jireenya maatii deggersa maatii/nama dhuunfaa irraa

Ejensiin dursaa karaa tajaajila mana jireenyaa maatiitiin deggersa nama dhuunfaa/maatii irraa deggersaaf ni heyyama. Ejensiin qooddannaa jiruu kaffaltii tajaajila mana jireenyaa maatii guutummaatti fudhata. Sana booda, hanga kaffaltii deggersa itti fufaa dhiheessuu of biratti hambifata (akkaataa walii galtee nama dhuunfaa/maatiitiin) immoo deggersa isaan dhiheessaniif hanga isa hafe nama dhuunfaa/maatiif qoodu.

Namoonni sirreeffama qooddii jireenyaa keessatti hirmaatan hundinuu seerota Sirna Kaffaltii Deggersa Miidhama qaamaa (DWRS), kannen armaan gadii dabalatee hordofuu qabu:

- Waraqaa qajeelfama to'annaa kaffaltii, DHS-6790 (PDF)

- Maanuwaalii Fayyadama Sirna To'annoo Kaffaltii(RMS)- tajaajila mana jireenyaa Maatii: Qajeelfamoota wabii seerota daldalaa hojjettoota manaa
  (Yaadachiisa: Qajeelfamoonni hojjettoota halkan bulanii kan seera 7 irra jiru qooddii jireenyaa irratti raawwatamiinsa hin qabaatu).

Ejensiin dursaa kaffaltii guyyaa shallaguuf jecha odeeffannoo kana Karoora Deggersaa RMS kan MnCHOICES keessa jirutti galche. Ejensiin dursaa adeemsota CBSM – Kunuunsa Ga'eessotaa, CBSM – Tajaajila mana jireenyaa maatii ykn CBSM – Sirreeffama mana jireenyaa – SLS sirreeffama dhiheessaan to'atamu1 jedhu keessatti ibsaman hordofuu qaba.

**Ejensii qooddannaa jiruu filachuu fi waliif galtee uumuu**

Namni dhuunfaa/maatiin karoorri deggersa namichaa itti dhiheenyaan to'atamuu fi raawwatamuu isaa mirkaneessuuf jecha deggersaa fi gargaarsa akka dhiheessuuf ejensii qooddii jireenyaa ni filata.
Namni dhuunfaa/maatiin fandii tajaajila mana jireenyaa maatii irraa argamuun ejensiiwwan qooddannaa jiruu irraa tajaajila bitu.
Namni dhuunfaa/maatiin ejensii qooddii jireenyaa waliin walii galtee uumuu qabu. Yeroo walii galtee uumanitti ogeessa seeraa akka mari'atan DHS ni jajjabeessa. Qabiyyeewwan walii galtee kanneen armaan gadii dabalata, garuu kanneen qofa miti:

- Nama dhuunfaa/maatii deggersa dhiheessuuf karoora deggersa eeggataa
- Akkaataa qajeelfama kaawuntii/sab lammiiwwan gosaatiin, manoota ijaaramoof heyyamni sadarkaa jiraachuu mirkaneessuu.
- Fedhii nama tajaajila fudhatuun wal qabatee leenjii fi deggersa wal irraa hin cinne
- Kaffaltii ejensii qooddii jireenyaa fi baasiiwwan kaffaltii gibiraa fi faayidaa dabalatee, adeemsaa fi hanga kaffaltii bifa ifa ta'een ibsame
- Waraqaa ragaa inshuraansii manaa ykn konkolaataa ga'aa kan abbaa qabiyyummaa ykn kiraa nama dhuunfaa/maatii
- Waraqaa ragaa ejensiin qooddii jireenyaa tajaajila kaffaltii nama dhuunfaa/maatiif dhiheessuu isaa ibsu
- Waraqaa ragaa namni dhuunfaa/maatiin namichi mana jiraachuuf dhiisuu isaa ittiin to'atanii fi odeeffannicha ejensii qooddii jireenyaaf ittiin qoodan ibsu
- Yoo barbaachisaa ta'e, waadaa namni dhuunfaa/maatiin heyyama isaaniitiif LLC uumuu ibsu
- Waadaa agarsiistuu kaffaltiiwwan gibiraa kan biroo

Walii galteen qooddii jireenyaa yeroo namichi gara manaatti godaanu jalqaba.

**Adeemsa walsimsiisuun booda deggersa itti fufaa fi filannoowwan mana jireenyaa**

Adeemsi simsiisuu namoota sirreeffama jireenyaa adda addaa filataniif faayidaa qaba (sirreeffama qooddii jireenyaa hin ilaallatu) Ejensiin dursaa karaa leenjii fi gorsa maatii namoota miiltoo kutaa ykn kunuunsaa argachuu barbaadaniif deggersa fudhachuu barbaadaniitiin adeemsa simsiisuu heyyamuu danda'a. Kunis namoota mana isaanii keessa jiraachuu filatan, garuu tajaajila baasii tajaajila kunuunsaa ykn sirreeffama kunuunsa maatii keessa jiraachuu filatan dabalata.

**Mana ofii**

Namni tokko mana mataa isaa keessatti miiltoo kutaa waliin qooddatu barbaaddachuuf jecha adeemsa walsimsiisuu fayyadamuu danda'a. Manni dhuunfaa nama tokkoo mana maatii qeenxee ykn kutaa tokkicha mana maatii baay'ee keessa jiru (fkn appaartamaa) bakka namichi jiraatu, akkasumas qabeenyaa namichaa/maatii isaatii ta'e, ykn kireeffatamee fi kutaa tokkicha irratti aangoo qabuu, fi walii galtee liizii keessatti ibsamedha. (yoo raawwatamiinsa qabaate) Kana jechuun dhiheessaan tajaajilaa mana/kutaa hin qabu,hin bulchu ykn liiziin hin fudhanne ykn mana namichaa irratti fedhii dinagdee kallattiis ta'ee alkallattii hin qabu jechuudha. Wa'ee imaammata kanaa odeeffannoo dabalataaf, CBSM – Ulaagaalee mana qabeenyaa namichaa ta'e jedhu ilaalaa.

**Baasiiwwan jireenyaa kunuunsituu**

Namni tokko kunuunsituu karaa baasii jireenya kunuunsituutiin deggersa itti fufaa isaaf dhiheessu filachuuf adeemsa simsiisuu fayyadamuu danda'a. Tajaajilli baasii jireenyaa kunuunsitu kunuunsituu walitti dhufeenya hin qabnee fi mana tokkicha keessa nama wagga 18 olii fi isaa olii waliin jiraatu kan tajaajila deggersaa fudhatuuf yoo kunuunsaan sun tajaajila heyyamame dhiheesse baasii murta'aa ni

baasaaf. Waa'ee tajaajila kanaa odeeffannoo dabalataaf, CBSM – Baasiiwwan jireenyaa kunuunsituu ilaala.

### Kunuunsa guddisa maatii

Namni tokko dhiheessa kunuunsa maatii argachuuf jecha adeemsa walsimsiisuu fayyadamuu ni danda'a. Kunuunsi maatii sirreeffama namni dhuunfaa/maatiin mana qabu ykn kireeffate, manicha keessa jiraatuu fi mana sanaaf kaawuntii/sab lammii gosaa irraa eyyama itti fudhatedha. Namni dhuunfaa/maatiin tajaajila mana jireenyaa maatii dhiheessuuf heyyama 245D waliin dhiheessaa MHCP ta'ee kan galmaa'edha. Kunuunsi maatii ga'eessota walitti dhufeenya hin qabne kanneen dhiheessaa kunuunsa maatii irraa deggersa fudhatan **hanga afuriitti** of keessatti hammachuu danda'a. Odeeffannoo dabalataaf, CBSM – Kunuunsa ga'eessotaa fi CBSM – Tajaajila mana jireenyaa maatii ilaalaa.

### Fakkeenya sirreeffamoota qooddannaa jiruu

CBSM – Haalonni qooddannaa jiruu fakkeenyota ibsa fooyyessa adeemsa karoorsuu fi akkaataa hojii sirreeffamma qooddannaa jiruu dhiheessa. Odeeffannichi namoota miidhama qaamaa qaban, maatiiwwan, bulchitoota dhimmaa fi dhiheessitootaaf faayidaa qaba.

### Leecalloowwan dabalataa

The Arc of Minnesota – Tajaajiila dhaqqabamummaa mana jireenyaa
CBSM – Leecalloowwan mana jireenyaa
CBSM – Haalota qooddannaa jiruu
CBSM – Cuunfaa Karoora Geejjibuu Kootii
CBSM – Filannoo Ifaa, Nama Bu'ureeffatee fi Pirotokoolii Ce'umsaa
CBSM – Tajaajiloota Ce'umsaa (BI, CAC, CADI, DD)
CBSM – haalota diingataa keessatti Beenyaa Weeyiverii/AC
Deggersa simsiisuu – Michael Smull (suur sagalee)
Muummee Fayyaa Minesootaa – Qindeessaa dhiheessa kunuunsa fayyaa
Maanuwaalii Geejjibsiisuu Manaa Minesootaa
Waraqaa qajeelfama to'annaa kaffaltii, DHS-6790 (PDF)
Maanuwaalii Fayyadamaa RMS – Tajaajila mana jireenyaa maatii: Qajeelfamoota wabii seerota daldalaa hojjettoota manaa
Simsiisuu miiltoo kutaa – Derrick Dufresne (suur sagalee)